

## **Tumsa Duulaa Waraanaa Itophiyaa fi Keenyaan yaadamaa jiru ilaachisee Ibsa ABO**

Mootummoontni Itophiyaa wayta aangoon qaban gaaffii jala seenu, humna alagaa of gargaarsisuun bittaa isaanii dheereffatuun kan baramee fi aadaa godhatani dha. Mootummoota ummaatootaan hin haammatamne, ummatootaan hin deggeramnee fi hin jaallatamne tahuu, irraa gargaarsa alagaa barbaadan. Humna nu tiksa jedhanii ijaarratan kan hin amannee fi hin abdanne waan tahaniif humna alagaatti hirkatan.

Mootummaan Wayyaanee/IHADEGs kanneen isa duraa irraa adda hin taane. Waggoota aangoo irra ture guutuu alagaa of gargaarsisuun jiraate. Gargaarsa maallaqaa, meeshaa fi leenjii waraanaa, tumsa diplomasiit moodummoota alagaa irraa argateen ummatoota ukkaamsuun bituu danda'e. Akka mormii fi balaaleffannaa ummatootaan waggoota kurnoota lamaa oliin lakkaa'amanifi hafnaan aangoo iyuu dhuunfatuu kan hin dandeenyeh tahuu kanneen haqa biyyattii keessatti mul'ataa turee fi jiru beekan bareechanii beeku.

Mootummaan Wayyaanee biyyoota ollaa Itophiyaa hawwatuun Qabsoo bilisummaa fi dimokraasii ummatootaa ukkaamsuu irratti kanneen of gargaarsisaa jiru keessaa mootummaan Keenya isa tokko. Mootummaa Keenya firoomfatuu, humna tikaa fi poolisaa bitatuun kanneen isa morman, Keenyaatti baqatan qabanii akka kennanifi taasisuun dhabamsiisaa akka ture dhokataa miti. Addatti ammoo ilmaan Oromoo beektotaa fi Qaroo, akkasumas maanguddoo Oromoo qabanii dabarsanii kennuu fi ukkaamsanii dhabamsiisuun dalagaa mootummaa Keenya tahee jira.

Fincila ummatni Oromoo Oromiyaa keessatti finiinsaa jiruun kan baarage mootummaan Wayyaanee yeroo ammaa hariiroo mootummaa Keenya haaromsuun akka duula ummata Oromoo irratti geggeessaa jiru gargaaruuf guuza waammatuu irratti argama. Hundeen akeeka Wayyaanee kanaas WnBO fincila ummata Oromoo finiinaa jiru keessatti gahee isaa akka hin gumaachineef duraa fi duubaan lola itti banuun gufachiisuu kan galii godhate dha.

ABOn gochaa ilmaan Oromoo irratti poolisootaa fi humna tikaa Keenyaan raawwatamu balaaleffatuun mootummaan gochaa farra namoomaa fi mirga baqattootaa hin kabajne kana akka dhaabu gaafataa fi akekkachiisaa akka ture ni yaadatama. ABOn alattis dhaabbattootni mirga namoomaa falman kanneen akka *amnesty International, Human rights watch*, akkasumas, dhaabbatni Baqqattoota Addunyaa(*UNHCR*) mootummaan keenya gochaa namoomaan alaa baqattootaa fi lammilee Oromoo irratti raawwatu akka dhaabuuf gaafataa turan. Haa tahu malee gochaan farrummaa kun guutummaatti hin dhaabamiin jira.

Yeroo ammaa kana ammo mootummaan Wayyaanee duula WBO irratti baneef mootummaa Keenya gargaarsifatuuf sossobatuu irratti argama. Waltahiinsi Keenya fi Itophiyaatti Moyyaaleetti prezendantii Keenya fi Muummicha Ministeraa Wayyaanee irra gahame Qabsoo Bilisummaa Ummata Ormoo biyya keessaa finiinaa jiru dhaamsuuf kan akekkate dha. Mootummaan Wayyaanee sochii barattootaa fi ummata Oromoo kana irraa gargaarsa dabalataa ala irraa barbaaddatuun dirqii itti tahe. Kanaanis Qabsoo ummata Oromoo marsama keessa galchuun ukkaamsuutu yaadame.

Sosobbii Wayyaanee kana fudhatuun tumsa mootummaan Wayyaanee gaafatuuf dirmatuun yakka qabsoo bilisummaa irratti raawwatamu tahuu ABO dursee hubachiisuu fedha. Mootummaan Keenya waamicha Wayyaaneef dirmatee ilmaan Oromoo itti baqatan, mirga baqatummaa fi namoomaa qaban dhiituun, seera addunyaa cabsuutti dabalee gochaa farra namoomaa tahuu ABO irra deebi'ee hubachiisa. Kana malees karoora duulaa Wayyaaneen baafate keessatti qooda fudhatuu dhaan WBO irratti duuluu irraa akka of qusat ABO gaafata. Kana waliin ABOn mootummaan Keenya dhimma Oromoo fi Wayyaanee gidduu harka akka hin seensifne akekkachiisa. Dalagaa kanaan dura baqattoota ilmaan Oromoo irratti raawwatame yaadachiisaa Wayyaanee bifa kamiinuu dhimma Oromoo irratti gargaaruu akka dhaabu, kana dhaga'u dhabuun tarkaanfii fudhatuun badii gahuu fi gaaga'ama dhaqqabuuf kan itti gaafatamu tahuu beeksisa.

Kana waliin ummatni Oromoo biyya keessaa fi ala jiraatu shira eenyummaa isaa dhabamsiisuuf aggaamamaa jiru tokkummaa fi jabinaan akka dura dhaabatu ABOn dhaama. Ilmaan Oromoo waraana Itophiyaa fi Keenya keessa

jiranis, shira ummatni Oromoo akka sabaattis tahe akka dhuunfaatti hin jiraanneef irratti xaxamaa jiru mormuun ummata isaanii waliin akka hiriiran waamicha godhaaf. Kana malees ummatni Keenya, mootummaan Keenya wal dhabbi ummata Oromoo fi mootummaa gabroofataa gidduu jiru keessaa akka bahu dhiibbaa barbaachisu akka godhu ABO gaafata.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Muddee 9, 2015